

PEOPLES ALLIANCE FOR FREEDOM AND DEMOCRACY (PAFD)

OFFICE OF PRESIDIUUM

Date: August 08, 2016



Tel: +49-15145279816
+44-7940624477

Ref.:

Fax:

Ajjeechaan Hammeenya Lammiilee Karaa Nagaa Hiriira Gaggeessan Irratti Irra deddeebi'ee Raaw'atamu Jeequmsa Siyaasaa fi Nageenyaa Itoophiyaa Daran Hammeessa.

Ajjeechaa Jumlaa Sirna TPLFn Lammiilee Oromoo Hiriira Nagaa Gaggeessan Irraan Gahame ilaalchisee

Ibsa Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii

Mormiin Ummanni Oromoo sirna abbaa irree TPLF'n durfamurratti gaggeessaa jiru erga Sadaasa 12 bara 2015 kaasee itti fufiinsaan gaggeeffamaa jira. Ummanni Oromoo guutummaa Oromiyaa keessatti mootummaa irratti mormii jabaa adeemsisaa jira. Mootummaan TPLF hiriira mormii lammiileen gaggeessan kanaaf deebisaan kenne dhukaasa itti roobsudhaan ajjeechaa gara-jabinaa geessisuu yoo tahu, kanaanis hanga ammaa lammiileen Oromoo 670 ol ajjeefamaniiru. Dhibbootaan kan lakkaawaman ammoo madeeffamanii jiru. Lammiileen Oromoo 50,000 ol tahan ammoo manneen hidhaa beekkamoo fi bakkoota hin beekamnetti hidhamanii toorchariif saaxilaman.

Kanneen lakkoofsi isaanii hin beekamne ukkaamfamanii dhabamsiifamanii jiru. Lammiwwan ajjeefaman keessaa irra jireessi barattoota Yunvarsiitii fi manneen barnootaa Sadarkaa 2^{ffaa}, ka'imman(qarree-qeerroo), dubartoota ulfaa fi manguddoota.

Humnoonni mootummaa TPLF yakka ajjeechaa kana ummatarratti kan raawwatan daandiirratti qofa osoo hin taane, halkanis manneen jireenyaa ummataa cabsanii seenuudhaan geessisu. Namoonni hedduun manneen isaanitii fuudhamanii waajjiraalee poolisii, kaampiilee waraanaa, iddoowwan lammiileen jumlaan itti ugguramani fi bakkoota hin beekamne adda addaatti hidhaman.

Haallan walfakkaatoon Benishaangul, Ogaadeen –Somaalii, Gaambeellaa, Amaaraa, Sidaamaa, Koonsoo, Kibba-Oomoo fi naannolee biyyattii kan hafanittis ifatti mul'ataa jiru.

Dhaabbileen mirgoota namoomaa waa'ee hiriira mormii Oromiyaa keessaa deemaa jiru irratti hubannaa akka argatanii fi tarkaanfilee hammeenya sirna Itoophiyaatin ummata Oromoorratti fudhatama jiru ilaalchisee bal'inaan gabaasanii jiru. Gamtaan Awrooppaa fi Manni Maree Kongirasii Ameerikaa ajjeechaa, hidhaa fi zaliilii ilmaan

Oromoo hiriira gaggeessan irratti bal'inaan adeemsifamaa jiru irratti “Yaaddoo” qaban ibsuudhaan, mootummaan Itoophiyaa ajjeechaa fi hiraara akkasumas tooftaan moggeeffama diinagdee, siyaasaa fi hawaasummaa ummata Oromoorraan gahaa jiru akka dhaabu gaafatanii jiru.

Ajjeechaan jumlaa suukaneessaan Hagayya 6 bara 2016 kan gahes, lammiilee Oromoo guutummaa Oromiyaa keessaa gamtaadhaan bahuun mormii mootummaarraa qaban ibsachuu fi mirgoota bu'uura kan namoomaa fi siyaasaa gaafachuudhaaf hiriira bahanirratti. Mormiin marsaa kanaa magaalaa guddittii Finfinnee dabalatee magaalalee Oromiyaa 200 ol tahan keessatti gaggeeffame.

Akkuma kanneen duraa hiriirri kunis tarkaanfii humnoonni mootummaa hammeenyaan fudhataniin simatamee lubbuu namoota hedduu galaafatee, dhibboonnis madaawaniiru; kumaan kan shallagaman ammoo hidhaa fi eessa-buutee dhabamsiifamuu mudatan. Hiriira mormii kanaan lammiileen Oromoo 70 caalan haala akkaan suukaneesaa taheen ajjeefamuu fi reebamuu, kanneen 3,000 ol tahan ammoo manneen hidhaa adda addaatti guuramuu mudatan; kanneen ukkaamfamarii dhabamsiifaman lakkoofsi hin beekkamu. Godinaalee Oromiyaa keessaa bakkoonni miidhaan hamaan itti dhaqqabe Godina Harargee Bahaa - Awadaayi fi Haramaayaa, Dhiha Arsii – Asaasa, Baale - Dodolaa fi Roobe, Dhiha Shawaa – Amboo fi Waliso akkasumas Wallagga Bahaa Naqamtee fi kanneen biroonis ni argamu.

Nuti, Dhaabbileen miseensota Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii kan ummatoota Itoophiyaa cunqurfamoo 67% tahan bakka buunu, ajjeechaa gara-jabinaa mootummaan lammiilee Oromoo karaa nagaan hiriira gaggeesse irratti raawwate cimsinee balaaleffanna. Mootummaan TPLF mirga hawaasa harka wayyaba Impaayera Itoophiyaa tahee ifatti sarbaa jira jennee amanna. Kunis murni TPLF baroota 25n dabran heera isaa fi seerota idil addunyaa sarbuudhaan ummata Oromoo fi ummatoota cunqurfamoo biroo irratti yakka ulfaataa fi dhiittaa mirgootaa jumlaa raawwataa jiraachuu ifatti agarsiisa.

Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii sagalee ummataa ukkaamsudhaaf tarkaanfii tahe jedhamee fudhatamaa jiruu fi gaaffii mirga hiree murteeffannaa ummatootaa moggaatti dhiisuun balaa geessifamaa jiruun yaaddoon akkaan jabaan itti buluu ibsa. Gaaffii mirga bu'uurraaf ummatoonni dhiyeessaa jiran – mirgoota siyaasaa fi diinagdee furuu hanqatuuni fi gaaffii ummatootaa gara hanqina bulchiinsa gaariitti dabsanii dhiyeessuun mootummaa Itoophiyaa, jeequmsii hamaan biyyattii akka mudatuu fi tasgabii dhabiinsa naannichaatiif gumaacha jennee amanna. Gaaffii ummatootaa karaa dabsuun kun rakkinicha furuu mannaa, diddaa fi dura dhaabbannoo ummataa daran babal'isuun jeequmsa siyaasaa fi nageenyaa guutummaa Itoophiyaa qofa odoo hin taane Gaanfa Afrikaa fudhachuudhan shororkeessummaaf karra saaaq.

Yaaliin waahillan Itoophiyaa biyyattii durumaanuu kuftee jirtu maqaa bulchiinsa gaariitin suphuuf taasisanii fi odoma sirnichi yakka namoomaa suukaneessaa raawwataa jiru gargaarsa itti fufuu isaaniitti yaaddoon keenya guddaa tahuus ibsina. Ajjeechaa suukaneessaa mootummaan TPLF geessisaa jirutti gurra cufatuun kun kan akkaan nu gaddisiise yoo tahu, kunis mootummaan TPLF/EPRDF ajjeechaa jumlaa dubartoota ulfaa fi manguddoota dabalatee lammiilee Oromoo, Ogaadeeniyaa, Sidaamaa, Gaambeellaa, Benishaangul, Koonsoo fi bakkoota biroottis argaman meesha-maleeyyii irratti geessisaa jiru akka itti fufu eeyyamuu dha. Dhumaatii suukaneessaa TPLF geessisaa jiru kana callisaan ilaaluun kan ilma namaarraa eegamu miti. Waan taheef, mootummaan Ameerikaa, Gamtaan Awrooppaa, Dhaabbanni Mootummoota Gamtoomanii fi biyyoonni waahillan Itoophiyan tahan biroonis, ejjennoo sirna Itoophiyaa kufaatii hamaarra jiru kan lammiilee isaa irratti cunqursaa, yakka hamaa fi shororkaa geessisaa jiru waliin qaban keessa deebi'anii akka ilaalan gaafanna.

Tumsi Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii mootummaan Itoophiyaa fi waahillan isaa mormitoota moggaatti dhiisuu fi imaammata kophxeessuu itti jiramu kan balaa ulfaataa geesisuuf jiru dhaabsisuuf akka hojjetan dhaama. Dachee Itoophiyaa irratti addatti Gaanfa Afrikaatti akka waliigalaatti nagaan fi sabatiinsi akka jiraatuuf, ol'aantummaan seeraa fi bu'uurootni sirna dimokraasii odoo yeroon hin dabrin ammuma dhaabbattummaan kabajamuu qabu.

Kana malees, michootni mootummaa Itoophiyaa gargaarsa faaynaansii, siyaasaa fi tikaa sirna TPLFf kennan kan sirnichi angoorra turuuf duguuggii sanyii dabalatee yakkoota adda addaa Oromiyaa, Ogaadeeniyaa, Sidaamaa, Benishaangul, Gaambeellaa, Koonsoo, Kafaa-Shakkaa, Sulula Oomoo, Amaaraa fi biyyattii bakkoota hafanittis raawwatuuf itti dhimma bahaa jiru kennuufii irraa akka of qusatan gaafanna. Kanatti dabalees, waahillan Itoophiyaa qaama walabaa ajjeechaa fi toorcharii sirna TPLFn raw'atame qoratuuf yakkamtoota fuula seeraatti dhiyeessu akka hundeessan gadi jabeessinee gaafanna.

Humnoota waraanaa fi tikaa kan taanan obbolaa fi lammii keessan ajjeesuu lagatuun qabsoo ummata keessaniitti makamuun jijjiiraman dhugaa mirga ummatoota maraa tiksu dhugoomsuuf akka hojjettan waamicha keenya dabarsina. Humnoonni Liyyuu-poolisii Ogaadeen keessaa murna wayyaaneef hojjetaa jirtanis umrii sirna aangoorra jiruu dheeressuuf ummata Oromoo fi Somaalee jidduutti lola shiduurraa akka dhaabbattan waamicha dhiyeessina.

Maayii irratti ummatootni Itoophiyaa keessaa hundi qabsoo haqaa ummatoota Itoophiyaa fuuldura furgaasuu fi galiin gahuudhaaf Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii(PAFD) cinaa akka dhaabbattan waamicha keenya haaromsina. Sagalee fi irree keenya tokkoomsuudhaan socho'uun waamicha Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii jijjiirama hawwame dhugoomsuuf dhiyeessaa jiru milkeessuuf akka hojjennu dhaammanna.

Waajjira Pireeziidiyemii Tumsa Ummatootaa Bilisummaa fi Dimokraasii(PAFD)

Hagayya 08 bara 2016